RAKKOOLEE FAYYAA DHAQNA QABAAN DAAʻIMMANI FI DUBARTOOTA IRRATTI GEESSISU.

- Maseenummaa ykn daaʻima goodhachu dhiisu
- Dhukkuba yeroo dheraa nama wajjin turu (Fak.Dhukkuba afuuffe)
- Dhukkubbi yeroo Fincaan Fincaaʻan
- Fincaan Qabachu dadhabu
- Dhukkubbi yeroo wal qunnamti saalaa
- Rakko wal qunnamti saalaa fi waldhabbi
- Yeroo Xuuri jiʻaa(Laguu jiʻaa)dhukkubbi haamaa fi Namatti toolu dhiisu
- Rakko yeroo Dahumsaa nama quunnamu
- Rakko Fayyaa Sammu kan akka of jibbu, Sodaa,hiriba dhabu fi feedhi Nyaataa dhabu.
- Haanqina dhigaatin,Dhukkubaan yookin Naasudhaan duʻu.

MUCAYYOO YOOKIN INTALA KEESSAN EEGUMSA GOOCHUFI NI BARBAADDU?

Aadaa keessan irraa adda bahuun sinitti ulfaataa? Maati keessani fi/yookin Jireenya haawaasa waliin gootan irratti dhiibbaa sinittii fidaa? Isiinoo Dhaqna qabaaf Saaxilamtani ? Yoo taʻee Sababi Dhaqna qabaatin rakkoon fayyaa sinirra gahe jiraa? Isinirra yookin Mucayyoo keessanirra Dhaqna qabaan Dubaraa nurra gahaa yookin lammata nu Mudata kan jeedhu sodaa ni qabdu? Yoos Yeroo kamu teesso armaan gadii kanaan nu qunnamu dandeessu.

OROMOO

pro familia Bayern

Waaʻee Dhaqna Qabaa Dubaraa Hubannoof!

INFORMATION

www.profamilia.de

WAAʻEE DHAQNA QABAA DUBARAA HUBANNOOF!

DHAQNA QABAAN DUBARTII MAALIDHA?

Yeroo Dhaqna qabaa Dubaraa, Qarqara Saala Hormaata dubartii irra keessa isaa haanga taʻee yookin guuttumaa guuttutti ni Murama.
Kuunis Qaama Dhalaa Muruu, Aadaadhaan Muruu yookiin kittannaa jeedhama.
Dhaqna qabaa gosa garaa garaatu jira.
Akka Gabaasa UNICEF 2016 gabaaseetti Aduunyaa guutuu irraatti tilmaamaan dubartootni Milliyoona Dhibba Lama kittaanamani yookin dhaqna qabatani jiru.

MAALIF DUBARA DHAQNA QABU?

Dhaqna Qabaan Biyyoota garaa garaa keessatti akka aadaatti kann waggaa baayʻee lakkoofsise tureedha. Akka Aadaa kanaan ibsamuutti Dhaqna qabaan qabxilee armaan gadiif akka barbaachisaa taʻee amanama.
Qulqullinaa fi Durbummaa dubartiiif, Amanamumaa Abbaa manaaf ibsuu fi Feedhi walquunnamti saalaatif qabdu hirʻisuuf.

YOO BEEKTAN WANTOOTA SIN GARGAARAN

Adunyaa irratti akka Qaamni Hormaata Dubartii kutamu yookin akka dubartiin dhaqna qabattu Amantaan barsiisu kamiyyu hin jiru. Gamtaan Awuroppaa Dubartoota sababi saala isaanittin dhibbaan irra gahe biyyaa baqatanii fi Hirkattummaa gaafatanif Eegumsa addaa ni keenna (kun immo Dhaqna qabaa dubartii ni dabalata)

Biyya Jarmanni keessatti Dubara Dhaqna qabuun akka Qaama hirʻisuutti ilaalama waan taʻeef biyya kana keessatti Dubara dhaqna qabuun seeraan dhorkaadha.

Maatin dhaqna qabsiisuf saganteefate yookin akka dhaqna qabatan ijjoollee isaa gara biyya alaatti yoo fuudhe deeme ni adabama (Fakkeenya , Adabbi hidhaa)